Gaaffilee Shaakalaa

I.Gaaffilee armaan gadii isa sirrii ta'e DHUGAA isa sirrii hin ta'iiif SOBA barreessuun deebiikenni

1.Uumamuu BGJQ tiif jiru fi jireenyi hawaasa durii bu'raadha

2.Malleen baru-barsiisuu BGJO kan gosa barnoota birootiin adda miti

3.Barsiisuun barattoonni dandeetti ,ogummaa fi jijjirama amalaa akka qabaatan gargaaruudha

4.Shaakala qaamaa iddilee nnamootni akka dafanii hin dulloomne godha

5.Namonni sochii qaamaa hojjatan warra hin hojjane caalaa sirna hargansu foya'aa qabu.

6.Dhiigni qaamolee adda addaa keessatti rabsamu yeroo qaamni boqonnaa irra jiru caalatti dabala.

7.Sochii isotonikii keessatti maashaalee irrattij jijjiramni sochii hin jiru

8.Fakkeenya sochilee isomeetirikii keessaa tokko ulfaatina kaasudha

9.Yeroo qilleensa gara alaa baasnu qabeen sombaa ni dabala

II.Isaan A jala jiraniif kan B jala jiran keessaa filachuun walitti firoomsi

A	**B**
10.qaama miidhamn irra ga'etti dhiigni kuufamuun halluun gogaa jijjiramu	A/Liigaameentii
11.Manca'uu yookiin tarsa'uu liigaameentii	B/Ribuu
12.Walgadhiisuu yookiin walharkisuu maashaa	C/Mucucaachuu diiskii
13.Mitikaan qaamaa walgadidhiisuun miidhaa uumamu	D/Butuutuu maashaa
14.Lafeen dugugguruu bakka isaa yoo gadi dhiisuu miidhaa uumamu	E/Buqqa'uu buusaa
15.Hidhaa jabaal afee fi lafee walitti hidhu	F/cabiinsa lafee
16.Hidhaa jabaa lafee fi mashaa walitti hidhu	G/Isipreenii
17.Sochii humnummaa onnee fi sombaa safarudha	H/Istireenii
18.Sochii jabeenya irree sarbaa fi miilaa safarudha	I/.Puulappii
19.Sochii humnummaa maashaa keessoo naannoo garaa fi mudhi madaalu	J/madaallii pilankii
20.Sochiii irreewwan gurguddoo madaaluuf hojjatamudha	K/ 'wall sit'
	L/Puushaappii

III.Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

21.Bu'aa BGJQ daa'immaniif qabu keessaa kan sirrii ta'e kami? A/guddina qaamaaf

B/cimina sammuutiif C/dhibee ittisuuf D/jireenya hawaasummaatiif E/hunduu sirriidha

22.Rakkoon namoota sochii qaamaa hin hojjanne irra gahuu danda'u

A/laamsha'u maashaalee B/haala quubsaan dalaguu dhabuu onnee

C/goginsa buusaalee qaamaa D/hunduu gahuu danda'a

23.Barsiisaan barattoota shaakala qamaa hojjachiisuu wanti dursee mirkaneeffachuu qabu maali?

A/Dirreesochii B/meeshaalee sochii C/Rakkoo barataa

D/haala uffannaa barataa E/hundu deebiidha

24.Gargaarsa duraa miidhaa gadi aanaa maashaa,morgaa fi ribuutiif ta'u kan **hin qabnee** kami?

A/cabbiini qabbaneessu B/qaama miidhame boqachiisu C/ucuun hidhuu

D/ho'isuu fi sukuumu E/Hunduu gargaarsa ta'u danda'a

25.Dhukkubni shaakalli qaamaa nurraa **ittisuu** hin dandeenye kami? A/dhukkubaonne

B/dhukkuba sombaa C/dhiibbaa dhiigaa D/dhukkuba sukkaaraa gosa2ffaa E/hundaani ittisa

26.Kan armaan gadii keessaa tokko fakkeenya sochii eroobikii ta'u **hin** danda'u A/fiigichadheeraa B/fiigchagabaabaa C/ tapha kubbaa miilaa

D/tapha kubbaa kaachoo E.hunduta'udanda'u

27.Jijjirama shaakalli qaama dalagaa onnee irratti fidu ilaalchisee kan sirrii **hin** ta'in kamidha?
A/dhikkifannaa onne dabala B/qabee onnee dabala C/oksijinii seelii dhiigaa keessatti dabala D/hundudeebiita'a

28.Kontonnfannaan maashaalee onne _____jedhama. A/dhikkisa B/diyaasitoolii C/siisitoolii D/hargansu E/hundudeebiita'a

29.Dandeettiin sochii tokkoo hatattamaan kallattii barbaadameetti jijjiruun ariitiin hojjachuu _____jedhama. A/humnummaa B/jabeenya C/ariitii D/si'aa'ina E/hunduudeebiita'u

30.Dandeettii maashaan keenya dhiibbaa ulfaatinnaa mormuun dadhabbii tokko malee yeroo dheeraaf sochii keessatti qooda fudhachuu _____jedhama? A/humnummaa

B/jabeenya C/Jabeenya humnummaa D/ariitii E/hundudebiita'u

31.Dhaaba manaa dhiibuun fakkeenya sochii _____keessaa isa tokkoodha.

A/isootonikii B/isoomeetirikii C/isokineetikii D/kilaastanikii

32.Faayidaa shaakallii qaamaa fiduu keessaa kan ta'u **hin** dandeenyee kamidha?

A/qabee sombaa dabalu B/geejjiba foyya'aa nyaata suula'aa C/butuutamaashaa D/dhikkisinni onnee hir'achuu E/hunduudeebiita'u

33.Namoonni muxannoo jiddugaleessa qaban sochiilee jabeenyaa fi jabeenya humnummaa maashaa al_____ dalagu qaban. A/1 B/1-2 C/1-3 D/3-5 E/1-5

34.Namonni umriin isaanii waggaa 17-26 keessa jiran daqiiqaa 12 keessatti fagenya kiloomeetira 2 yoo fiigani humnummaan onnee fi somba isaanii sadarkaa_____ irra jira jedhama A/baayeegaarii B/gaarii C/gahaa D/gadianaa E/baayee-baayee gaarii

35.Namni tokko jabeenyi irree sarbaa fi miila isaa baayee gaarii dha kan jedhamu dugdaan girgidaatti hirkatee yeroo _____f yoo tureedha. A/sekondii 40 B/sekondii 50 C/sekondii 6 0 ol D/daqiiqaa tokkoo ol E/daqiiqaa lamaa ol

IV Deebii gabaabaa fi ifa ta'e Barreessuun deebisi

36.Kontonfachuu fi diriirifachuun maashaalee onnee _____onnee uumu.**Deebiin Dhikkisa/dhahannaa**

37.Jabeenya fiduuf sagantaa shaakalaa baafachuun torbee keesssatti guyyaa _____yeroo _____f sochiilee maashaa hunda hirmaachisan filachuun hojjatamuqaba. **Deebiinguyyaa2-3 yeroo daqiiqaa20**

38.Atileetiin tokkoo jabeenya humnummaa dagaagifachuuf torbee torbeen guyyota_____yeroo _____f sochilee humnummaa dagaagisan filate hojachuuqaba. **Deebiinguyyaa3-5 yeroo daqiiqaa30-45**

39.Sababoonni taphattoota irratti miidhaa akka uumaman taasiisan maal maalidha? Deebiin

-Tapha seeraan alaa

-Qaama osoo hin ho'ifatiin dirree taphaaa seenu

-Meeshaalee gahumsa hin qabneetti fayyadamu

-Shaakala humnaa ol ta'e hojjachuu

40.Namni umriin isaa waggaa 27-39 keessa jiru tokko humnummaa nonnee fi somba isaa sadarkaa baay'ee gaarii irra jira kan jedhamu .

A/Daqiiqaa 12 keessatti yoo fageenya meetira hagamii fiigeedha? **Deebin ,1600m/meetira kuma tokkoo f dhibba jahaa**

B/Daqiiqaa 12 keessatti dirree kubbaa miilaa naannawaan isaa meetira 400 ta'u si'a meeqa naanna'u yoo danda'edha? Deebiin Si'a 4/afur/ yoo naanna'u yoo danda'edha.

Deebilee /Answers/ Gaaffilee shaakalaa

I/Dhugaa/Soba	II/FIromsii	III/Filannoo	
1.Dhugaa	10.D	21.E	32.C
2.Soba	11.G	22.D	33.B
3.Dhugaa	12.H	23.E	34.A
4.Dhugaa	13.E	24.D	35.D
5.Dhugaa	14.C	25.B	
6.Soba	15.A	26.B	
7. Soba	16.B	27.A	
8. Soba	17.M	28.C	
9. Soba	18.K	29.D	
	19.J.	30.C	
	20.I	31.B	